## Odeeffannoo namoota dandeettii keessan galmeessitaniif

Odeeffannoon kun isin namoota moraa madaqinsaa keessa jiraattan, akkasumas odeeffannoo dandeetti keessanii  galmeessu namoota barbaaddaniif kan qophaaye.

Sagantaa guyyaa guutuuf qindaaye kana keessatti danddeetti namoonni qaban adda baasuun qabiyyee irra-darbuun hindanda'amne yoo ta'u, mooraa madaqinsaa kana keessa turu dandawuuf waligaltee taasifamu keessaa isa tokko.  Biyya Norge keessatti barnootaa fi hojiin walqabate gorsa qajeelaa ta'e argachuu akka dandeessaniif, akkasumas haga danda'ametti sagantaa guyyaa guutu kan isin madaalu isiniif qopheessuu dandawuuf, dandeetti qabdan galmeessun dirqama. Yoo hingalmeessitan ta'e moraa madaqinsaa ilaalchise waligaltee mallateessitan fiixaan baasuun nama rakkisa. Kana malees dandeetti galmeessuu dhiisuun keessan IMDiin komunaa keessa jiraatan isiniif arguuf yaali godhu irrattis dhibbaa qabaata.

Dandeetti keessan galmeessuun maaliif barbaachisa?

Biyya Norge itti waajiroonni mootummaa leenjii, barnootaa fi hojii ilaalchisee gorsa kennu irratti hojjatan hedduu dha. Haala qahaa ta'en gorsa isiniif kennu danda'uuf ammoo dandeetti qabdan ilaalchise odeeffannoo isaan barbaachisaa.

Heyyamni jireenyaa isiniif kennamee gargaarsa mootummaatiin akka qubattan taasifama yoo ta'e, IMDiin komunaa isin keessa jiraattan ennaa isiniif filatu wanta ilaalcha keessa galchu keessaa inni tokko dandeettii keessani.

Odeefannoon dandeettii keessanii kun boodarattis egeree hojii keessani, karoora baafattan, qabiyye sagantaa guyyaa guutuuf qophawu, akkasumas waayee sagantaa walbaru (introduksjonsprogramm) ilaalchisee gorsa gahaa isinii kennuuf faayidaa qaba.

Dhimma kana ilaaluuf bu'urri

Akka nama mooraa madaqinsaa kana keessa jiraatu tokkootti sagantaa guyyaa guutuuf qophaawu keessatti hirmaachuuf waligaltee mallatteessitani jirtu. Karoora waligaltee kanaa bakkaan gawuuf odeeffannoo dandeettii keessanii galmeessuun barbaachisaa dha. Waliigaltee kana hojiitti hiikuun mataan isaa odeeffannoo isin ilaallatu irratti hojjachuuf bu'ura seeraa uuma. Kunis eegumsa icciti nama dhunfaaf godhamu ilaalchisee qajeelfama bahe (personvernforordning) keeyyata 6, lakkoofsa 1, qubee b jalatti akka barreeffametti; nama galmaayee tokko waliin waligaltee mallatteeffame hojiitti hikuuf barbaachisaa ta'e argamnaan, odeeffannoo nama dhunfaa ilaaluun seera.

Odeeffannoo baayyina dhimma galmeeffamu

Dandeetti keessan ennaa galmeessitan maqaa keessan jalatti odeeffannoon sassaabamu namoota heyyama jireenyaa argatanii, dandeetti qaban galmeessuuf *mirgaa* fi *dirqama* qaban irraa odeeffannoo sassaabamu kan caalu miti.

Yeroo waan kana galmeessitan namni isin gargaaru, Kompass keessatti odeeffanno galmeessitan irratti waanni dabaltan yoo jiraate, bakka banaa isinif qopheesse tokko tokkoon akka galmeessitan taasisa. Gargaartuun keessan bakka banaa kanatti kan isiniif dabalu qabxiiwwan Kompass keessatti argamaniif odeeffannoo dabalataa waan ta'e qofa.

Kompass keessatti maqaa keessaniin odeeffannoo kamtu galmaawa?

- Lammummaa, saala, umrii
- Afaan dandeessu
- Waggoota mana barumssaa/barnoota kee
- Muuxannoo hojii
- Sochiiwwan adda addaa gochaa turte kan barnootaa fi hojii keetiif hiikkoo qaban
- Fedhiiwwan ati qabdu
- Barnootaa fi hojii ilaalchisee wanti barbaaddu maali

Odeefannoo maqaa keetiin galmaawe ilaalu kan dandawu eenyu?

**Waajjirri olaanaa madaqinsaa fi daneessummaa (Integrerings- og mangfoldsdirektoratet (IMDi))** odeefannoo dandeetti keeif ittigafatamummaa qaba. Kana malees odeeffannoo si ilaallatu addaa baafachuuf jecha IMDiin maqaa keef lakkoofsa DUF kee olkaawwate jira.

**Giddugalli dhimma hojii (karriersenter)** fylkeskommunaa wajjin walitti-hidhata qabu odeeffannoo dandeetti kee irratti hundaawuun gorsa hojii siif kenna. Yoo heyyama jireenyaa argatte fi gartuuwwan sagantaa walbaruuf (introduksjonsprogramm) kaadhimaman keessa jirta ta'e, gorsa hoji fudhachuuf mirgaa fi dirqama qabda. Namni gorsa hojii kennus Namni gorsa hojii kennu kun bu'aa xumura gorsa kanaas komunaa, IMDi, fi NAV waliin qooddata.

**Waajirri hojii fi gargaarsaa (NAV)** biyya Norge keessa hojii argachuuf carraa jiru ilaalchise gorsa sii kennuuf odeeffannoo maqaa keetiin galmaawetti dhimma bahuu danda'a.

**Komunaan mooraan simannaa keessatti argamu** sagantaa guyyaa guutuuf qophaawu sirreessuu fi tarkaanfi madaqinsa milkeessu dandawu fudhachuuf odeeffannoo maqaa keessaniin galmaawetti dhimma baha.

Heyyama jireenyaa argattanii gargaarsa mootummaatin akka qubattan taasifama yoo ta'e, **komunaan isin kessatti qubattan** sun sagantaa walbaruu, barnoota afaan norskii fi barnoota beekkumsa hawaasaa, yookin barnoota biroo barbaachisaa ta'an siif kennuuf odeefannoo maqaa keetiin galmaawetti dhimma bahata.

**Dimma qorannoo addaa fi karoora istaatistiksiif** odeeffanichatti dhimma bahachuun nidanda'ama.

Akka seera eegumsa icciti nama dhunfaatti mirgoleen isin qabdan maali?

Odeeffannoo maqaa keetiin galmaawanii jiran ilaaluf mirga qabda.[1] Odeeffannoon dogoggora ta'e yoo jiraate akka sirraawuu yokin akka haqamu gaafachu nidandeessu.[2] Odeeffannoo maqaa keetiin galmaayee jirutti akka dhimma hinbahamne gaafachuuf mirga qabda. Keessawu odeeffanichi dogoggora jettee yoo ta'e.[3] Haala odeeffannoon maqaa keetiin galmaawe itti ilaalame irratti oliyyachuuf mirga qabdau.[4]

Odeeffannoo maqaa keetiin galmaawan ilaalu waliin walqabate mirgoota qabduanitti dhimma bahachuuf fedhi qabda taanaan, teessoo emeelaa harmaan gadiitti kennametti dhimma

[1] Jf. personvernforordningen art. 15.
[2] Jf. personvernforordningen art. 16 og 17.
[3] Jf. personvernforordningen art. 18.
[4] Jf. personvernforordningen art. 77.

bahachuun akka IMDi quunnamtu si gaafanna: post@imdi.no, yokin kallattiin bakkabu'oota eeggumsa icciti dhunfaa emeela kanaan argachuu dandeessa: personvernombud@imdi.no. Odeeffannoowwan ati kennitu kun haga waggaa 15 itti olkaawamu.

Mirga qabdu ilaalchise odeeffannoo dabalataa argachuuf fuula intarneetaa Datatilsynet https://www.datatilsynet.no/rettigheter-og-plikter/den-registrertes-rettigheter/, akasumas eegumsa icciti dhunfaa ilaalchise ibsa IMDi: https://www.imdi.no/om-imdi/personvern/. seenuun ilaali:

Galmeessu:

**Ani dandeetti kiyya galmeessu nanbarbaada.**

Odeeffannoon ani kennu kuni maal irratti akka dhimma itti bahatamuu danda'u naaf galee jira.

**Ani dandeetti kiyya galmeessu hinbarbaadu.**

Dandeetii ofi galmeessuun moraa madaqiinsaa keessatti sagantaa guyyaa guutu argachuu dandawuuf barbaachisaa akka ta'e ani nanhubadha. Dandeetti galmeessuu dhiisuun waayee hojii fi waayee sochiilee adda addaa biyya Norge jiran ilaalchisee barnootaa fi gorsa kennamu akka hanqisu hubadhee jira. Dandeetti galmeessu dhiisuun komunaa kam keessatti akkan qubadhu dhiibbaa akka qabaatu hubadhee jira.